

# Qorannoonaan dhiigaa kan dhukkuba daranyoo sombaa (TB) maali?

Qorannoonaan dhiigaa daranyoo sombaa (TB) n karaa gara biraas Qorannoonaan faalamiinsa Gamma ykn IGRA jedhamuun kan beekamu yoo ta'u jarmoonni TB qaama keenya keessa jiraachuu isaanii karaa ittiin qorannudha. Maloonni qorannoonaan kanaa lamaanis QuantiFERON®-TB fi T-SPOT®.TB jedhamu.

## Mallattoolee armaan gadii yoo qabaattan qorannoonaan TB taasisuu qabdu:

- nama dhukkuba TB n faalame waliin tuttuqqaa taasistanii yoo jiraattan,
- biyya namoonni hedduun dhibee TB n itti faalaman keessa yoo jiraattan,
- mana kunuunsa yaalaa, kilinika, hospitaala, mana sirreessaa ykn qubsuma mana dhabdootaa keessa kan jiraattan ykn hojjettan yoo ta'e,
- ykn sirni ittisa alagaa keessan dadhabaa yoo ta'e.

Daa'imman umurii wagga 2 gadi ta'an qorannoonaan dhiigaa TB taasisuu irra qorannoonaan TB kan gogaa taasisuu qabu.

## Qorannoonaan dhiigaa kan TB akkamittan taasisuu danda'a?

Dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa Dhiiga xiqqaosheefuudhuun gara kutaa qorannaatti ergu. Dhiheessaan kunuunsa fayyaa keessan bu'aan qorannoonaan keessanii pootetiivii ykn negetiivii ta'u isaa guyyaa muraasa keessatti isinitti himuu qaba.

## Bu'aan qorannaan TB koo negetiivii yoo ta'e hoo?

Yeroo baay'ee bu'aan qorannaan TB negetiivii yoo ta'e jermoonni TB qaama keessan keessa hin jiran jechuudha.

## Bu'aan qorannoonaan TB koo pootetiivii yoo ta'e hoo?

Bu'aan qorannoonaan TB pootetiivii ta'e jechuun jarmoonni TB tarii qaama keenya keessa ni jiru. Namoonni TB pootetiivii qaban hedduun faalama TB riphah jedhamu of keessaa qabu. Mirkanoeffachuu jecha dhiheessaan

kunuunsa fayyaa keessan raajii qomaa ni taasisa. Faalamni TB keessan dammaqaa ykn riphah ta'u adda baafachuu qorannoonaan kan biroo taasisuu isin barbaachisa.

## Faalamni TB riphah maali?

Marsaawwan TB lamatu jira. marsaan lamaan iyyuu qorichaan ni yaalamu.

Yeroo jarmoonni TB qaama keessan seenan; TB riphah jedhamuun qaama keenya faalu. Yaala yoo hin argatiin, TB n riphah gara TB dammaqatti jijiirama.

Marsaa 1 – Faalama TB riphah	Marsaa 2 – TB Dammaqaa
Jarmoonni TB qaama keessan keessa ni riphuh (rafu). Marsaan kun yeroo dheeraaf turuu mala – waggoota dheeraf illee ni turu.	Jarmiiwwan TB dammaqoo fi kan tamsa'anidha. Tiishuuwan qaama keessan keessaa hubu.
Miirri ykn mallattoon dhukkubbii isinitti hin dhagahamu. Yeroo baay'ee raajiin qoma keessanii nagaadha.	Yeroo baay'ee isin dhukkuba. Dhiheessaan kunuunsa fayyaa keessan jarmoonni kunni kutaa qaama keessan isa kam hubaa akka jiran adda baafata.
Jarmoota TB kanneen namoota birootti hin dabarsitu.	Jarmoonni TB somba keessan keessa taanaan, qufa'uu, axxiffachuu, dubachuu ykn faaru dhageessisu qofaan jarmoota TB ni tamsaasta.
Qoricha tokko ykn lama baatiwwan sadii hanga afuriitti fudhachuun yaalamtu.	Qorichawwan sadii ykn afur yoo xiqaate baatiwwan jahaaf fudhachuun yaalamta.

## Yoon talaallii BCG fudhee jiraadhe hoo?

Talaallii BCG (talaallii TB) guddatoonni TB dammaqaan hedduu akka hin hubamne gargaara. Talaallii kun akkuma umuriin dabalaan deemuun qaama keessaa dhabamaa deema.

Namoonni talaallii BCG yoo fudhatan illee TB dammaqaa fi TB riphah faalamuu danda'u.

Talaallii BCG fudhattanii osoo jirtanii filannoonaan qorannaan dhiigaa TB moo kan gogaa isiniif haa tasifamu

## QORANNOON DHIIGAA KAN DHUKKUBA DARANYOO SOMBAA (TB) MAALI?

yoo jedhame qorannoo dhiigaa TB akka fudhattan isin jajjabeessina. Sababni isaa immoo qorannoон dhiigaa TB talaallii BCG n waan hin jijiiramneefi. Kana jechuun bu'aan qorannoo TB keessan yoo jermoonni TB isin keessa jiraatan qofa poozetiivii ta'a jechuudha.

Fayyaa keessanii fi kanmaatii keessanii eegaa- qorannoo dhiigaa kan TB taasisaa!

Minnesota Department of Health  
Tuberculosis (TB) Prevention and Control  
1-877-676-5414 or 651-201-5414  
[www.health.state.mn.us/tb](http://www.health.state.mn.us/tb)

02/25

*Odeeffannoo kana boca biroon argachuuf, lakkoofsa itti aanu bilbilaa: 651-201-5414.*